TALAALLII COVID-19

AMMA GA'EESSOTA, IJOOLLEE FI DAA'IMMANIIF NI ARGAMA

HAQOOTA JIRAN ARGADHAA.

DAA'IMA KEESSAN EEGAA.

HAWAASA KEESSAN EEGAA.

Daa'immanii fi dargaggoonni yeroo talaallii COVID-19 isaanii yeroo yeroodhaan fudhatan caalatti nagaa ni ta’u.

Talaallichi ijoollee fi dargaggoota dabalatee, namni hundinuu COVID-19 dhan akka hin qabamneef ittisa. Talaallichi ijoollee fi dargaggoonni yoo dhukkubsatan illee akka isaan garmalee hin dhukkubne ittisa.

Jijjiirramoonni vaayirasii COVID-19 haarofti haala salphaadhan babal'achuu danda'an akkasumas mallattoolee ciccimoo fiduu malan jiru. Talaalliiwwan jijjiirramoota vaayirasii ittisu.

Daa’immanii fi dargaggoota talaalchisuun hawaasa guutuu eegaa.

Namootni talaalliiwwan COVID-19 isaanii yeroo yeroodhaan fudhatan carraa vaayirasicha namoota birootti daddabarsuu xiqqaa qabu. Daa’imman gahumsa qaban yoo talaallaman, kan inni ittisu:

- Hiriyootaa fi maatiiwwan isaanii hanga ammaatti hin talaallamin.
- Maanguddootaa fi namoota rakkoolee fayyaa tokko tokko qaban kan balaa dhibee COVID-19 dhan dhukkubsachuu olaanaa qaban.

Akkuma daa’immanii fi ga’eessonni hedduun talaallii fudhatan, manneen barnootaa fi bakkeewwan daldalaa banaa taasisanii tursuunis salphaa ni ta'a.

NAGA-QABEESSAA FI BU'A QABEESSA

- Seenaa Ameerikaa keessatti talaallin biraa naga-qabeessummaa isaatif hammana hin qoratamne.
- Talaallichi, qomoo garaa garaa, gosa garaagaraa fi umurii garaagaraa dabalatee, daa’imman, dargaggootaa fi ga’eessotaaf naga-qabeessa ta’uun isaa mirkaneeffamee jira.
- Talaalliiwwan COVID-19 dardarummaas ta’e dahuu danda'uu gara fuula duraa irratti dhiibbaa hin qaban. Talaalliin daa'imman keessan ilmaan ofii isaanii akka hin horanne hin godhan.

NAMA HUNDUMAAF BILISA

- **Haalli baqatummaa** keessan maal iyyuu yoo ta'e, isinii fi daa'imni keessan talaallii bilisa ta'e fudhachuu dandeessu.
- Isinis ta’e daa'imni keessan talaallii bilisa ta'e fudhachuudhaf **waraqaa eenyummaa argisiisuu** yookan **inshuuraansii fayyaa** qabaachuu isin hin barbaachisu.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

13 Sep 2022

Odeeffannoo dabalataaf: cdc.gov/coronavirus

Maal haa eegamu

Daa’imman keessan talaalliiwwan COVID-19 isaanii yeroo yeroon yommuu fudhatan, yeroo mana barumsaa dhaqan, ispoortii taphatanii, fi hiriyootaafi maatii daawwatanitti nageenya qabeessoo ta'u. Waqtaawaa ta'uu jechuun dooziwwan lamaan talaallii abbaa limmoo lamaa fudhachuu fi sana booda limmoowwan ittisa dabaloo isaan fudhachuudhaf ulaagaa guutaniif kamiyyuu fudhachuu jechuudha.

Beellama irratti:

- Narsiin yookan doktoriin daa'ima keessaniif talaallicha osoo hin kennin dura, waa'ee isaa isinitti himu, seenaa yaala fayyaa daa'ima keessanii gamaaggamanii, gaaffii yoo qabaattan isin gaafatu.
- Daa'imni keessan rakkoo alaarjikii kan hin qabne ta’uu isaa/ishee mirkaneeffachuudhaf daqiiqaa 15-30 turuu qabu.

Miidhawwan masoo giddu-galeessaa ta’an waan baratamaniidha

Miidhawwan masoo jechuun daa’imni keessan COVID-19 qaba jechuu MITI.

Miidhawwan masoo jechuun talaallichi akkamitti akka COVID-19 dhan lolu qaama daa’ima keessanii barsiisaa jira jechuudha.

Miidhawwan masoo giddu-galeessaa ta’an kan hammachuu malan:

- ☐ Dhukkubbii yookin dhiita irree bakka talaallichi kenname irratti.
- ☐ Dadhabbii
- ☐ Mataa bowwoo
- ☐ Dhukkubbii maashaa
- ☐ Qorrisiisuu
- ☐ Dhagna gubaa
- ☐ Ol ol nama jechisiisuu

Miidhawwan masoo hamaa ta'an darbanii darbanii qofa mudatu

Talaalliiwwan naga-qabeessodha. Carraan Daa'imni keessaan talaallicha caalaa rakkoolee walxaxoo COVID-19 irraa dhufan qabaachuu maluu baay’ee guddaadha.

Dargaggoota lakkoofsi isaanii muraasa ta'e miidhawwan masoo kanneen akka dhiitaa onnee (kan 'myocarditis' yookan 'pericarditis' jedhamu) yookan itituu dhiigaa mudatanii jiru.

- Miidhawwan masoo hamaa ta'an **baay'isanii darbanii darbanii dhufu**
- Miidhawwan masoo hamaa ta’an **yaalamuu kan danda'aman** yoo ta’u namoonni isaan mudatan baay’enis ni fayyu
- Faayidaan talaallichaa balaa inni qaqqabsiisu kamiyyuu ni caala

ODEEFFANNOO DABALATAATIF DOKTORA KEESSAN GAAFADHAA

Waa'ee talaalliiwwan COVID-19 fi talaalliiwwan kan biroo daa'imma keessan barbaachisan ilaalchisee, caalmaatti hubannoo argachuudhaf doktora yookan narsii daa’ima keessanii gaafadhaa.

NRC-RIM
National Resource Center for Refugees, Immigrants, and Migrants

Odeeffannoo dabalataaf: cdc.gov/coronavirus